

Boqonnaa

5

99 209 782 1000
250 + 7 = 257
1 600 999

LAKKOOF SOTA HUNDA
HAMMA 1000TTI

5.1 BAAY'ATTOOTA 100

GOCHA 5.1

- a $100 \times 2 = \underline{\hspace{2cm}}$
- b 300, 400, 500 fi 600 daree keessatti dubbisi.
- c Lakkoofsota akka 100,200,400,500 fi kkf ida'ama baay'atoota 100 tiin ibsi.

Fakkeenya 1

a $100 \times 3 = \underline{\hspace{2cm}}$.

Deebii:

$$100 \times 3 = 100 + 100 + 100 \\ = 300.$$

Kanaafuu, 300 baay'ataa 100ti.

b $100 \times 4 = \underline{\hspace{2cm}}$.

Deebii:

$$100 \times 4 = 100 + 100 + 100 + 100$$

$$= 400.$$

Kanaafuu, 400 baay'ataa 100ti.

GILGAALA 5.1


1 *Baay'attoota 100 bakka duwwaatti guuti.*

×	1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
100	100				500			800		

2 *Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.*

T.L.	Lakkoofsa	Jechaan
a	100	
b	200	Dhibba lama
c	300	
d	400	
e	500	Dhibba shan
f	600	
g	700	
h	800	
i	900	
j	1000	Kuma tokko

3 *Saanduqa duwwaa guuti.*



4 Siddiseen haadha ishee irraa qarshii 300 fi abbaa ishee irraa qarshii 200 fudhatte. Walitti qarshii meeqa argatte?

5 *Baay'attoota 100 armaan gadii ida'ama baay'attoota 100tiin barreessi.*

a $200 = \underline{\hspace{2cm}} + \underline{\hspace{2cm}}$

b $600 = 200 + \underline{\hspace{2cm}}$

c $700 = 300 + \underline{\hspace{2cm}}$

d $800 = \underline{\hspace{2cm}} + 600$

e $900 = 400 + \underline{\hspace{2cm}}$

f $1000 = 700 + \underline{\hspace{2cm}}$

5.2 LAKKOOFSA HUNDAA 101 HAMMA 1000 FI GATII BAKKAA ISAANII

GOCHA 5.2

1 Lakkoofsa 972 keessatti gatiin bakkaa kan 9, 7 fi 2 meeqa akka ta'e gareedhaan irraatti mari'adhaa.

2 Lakkoofsa 215 keessatti gatiin bakkaa kan 2, 1 fi 5 meeqa ta'a?

Gareedhaan irraatti mari'adhaa.

3 Abaakasitti fayyadamuun gatii bakkaa lakkoofsa arman gadii ibsi.

a 713

b 935

c 345

d 833

e 457

f 112

Fakkeenya 2


Lakkoofsa 486 keessatti gatiin bakkaa 4, 8 fi 6 meeqa?

Deebii: Gatiin bakkaa 4 dhibba, gatiin bakkaa 8 kudhanii fi gatiin bakkaa 6 tokkee dha.

Kanaafuu, 486 yoo dubbifnu dhibba afurii fi saddeettamii ja'a jennee ti.

Fakkeenya 3

Abaakasiin gara bitaatti kenname gatii bakkaa irratti hundaa'ee qophaa'e. Gatii bakkaa tokkee keessaa calleewwan 4, gatii bakkaa kudhanii keessa calleewwan 2 fi gatii bakkaa dhibbaa keessa calleewwan 3 kaawwamaniiru.



Kanaafuu, $324 = 300 + 20 + 4$

GOCHA 5.3

Kan armaan gadii ida'i.

+	1	2	3	4	5	6	7	8	9
100									
200									
300									
400									
500									
600									
700									
800									
900									

GILGAALA 5.2

1 *Lakkoofsota armaan gadii akka ida'ama baay'ataa 100 fi lakkoofsa dijiitii Itti barreessi.*

a $307 = \underline{300} + \underline{7}$

b $309 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$

c $402 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$

d $906 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$

e $408 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$

f $503 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$


g $501 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$

h $604 = \underline{\quad} + \underline{\quad}$

2 *Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.*

T.L.	Lakkoofsa	Jechaan
a	408	Dhibba afurii fi saddeeti
b	506	
c	709	
d	802	
e	904	
f	342	Dhibba sadii fi afurtamii lama
g	438	
h	532	
i	656	
j	795	

3 *Lakkoofsota kennaman calleetti fayyadamuun abaakasii irratti gatii bakkaatiin ibsi.*



4 *Lakkoofsota armaan gadii gatii bakkaatiin ibsi.*

T.L.	Lakkoofsa	Mana Dhibbaa	Mana Kudhanii	Mana Tokkee
a	359	3	5	9
b	463			
c	572			
d	685			
e	746			
f	831			
g	924			

5.3 TARTIIBA LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 1000TTI

Hubadhu

105 106 107 108 109 110

- 107 itti fufaa 106ti. Kanaafuu , $107 > 106$ ti.
- 108 dursaa 109ti. Kanaafuu, $108 < 109$ ti.
- Lakkoofsonni 105 fi 110 gidduu jiran 106, 107, 108 fi 109.

Fakkeenya 4

- a Lakkoofsonni hundaa 203 fi 210 gidduu jiran 204, 205, 206, 207, 208 fi 209 dha.
- b $309 < 412$
- c $598 = 598$

GOCHA 5.3

Lakkoofsota hundaa isaan lamaan kennaman gidduutti argaman xiyya lakkoofsa irratti mul'isi.

- | | | | |
|---|-------------------|---|-------------------|
| 1 | 100 fi 105 gidduu | 2 | 203 fi 208 gidduu |
| 3 | 500 fi 506 gidduu | 4 | 607 fi 612 gidduu |

GILGAALA 5.3

- 1 *Baay'attoota 100 isaan hamma 1000tti jiran xiyya lakkoofsa irratti mul'isi.*
- 2 *Xiyya lakkoofsaatti fayyadamuun himoota armaan gadii mallattoolee "<" yookiin ">" yookiin "=" bakka duwwaatti barreessuun dhugoomsi.*

- | | | | |
|---|-------------|---|-------------|
| a | 204 ___ 206 | b | 408 ___ 408 |
| c | 536 ___ 436 | d | 782 ___ 814 |
| e | 695 ___ 543 | f | 115 ___ 220 |
| g | 236 ___ 146 | h | 486 ___ 512 |
| i | 942 ___ 887 | j | 800 ___ 900 |

3 *Itti fufaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.*

- | | | | | | |
|---|-----|---|-----|---|-----|
| a | 24 | b | 126 | c | 158 |
| d | 289 | e | 765 | f | 864 |

4 *Dursaa lakkoofsota armaan gadii barbaadi.*

- | | | | | | |
|---|-----|---|-----|---|-----|
| a | 43 | b | 157 | c | 213 |
| d | 432 | e | 678 | f | 981 |

5 *Lakkoofsota hundaa lakkoofsota lamaan kennaman gidduu jiran tarreessi.*

- | | | | | | |
|---|------------|---|------------|---|------------|
| a | 108 fi 114 | b | 245 fi 255 | c | 361 fi 367 |
| d | 456 fi 463 | e | 534 fi 540 | f | 782 fi 788 |

6 *Saanduqa duwwaa guuti.*

